**Qabsoon Bilisummaa Oromoo Kaleessas, Harás tahee Boru Sirnoota Cunqursoo Malee Ummatoota Kamirrattuu kan Xiyyeeffate Miti**

Ummanni Oromoo eega waanjoo garbummaa jalatti kufee qabee kan falmachaa yoona gahe sirnoota isa gabroonfatan malee ummatoota sirnoonni sun keessaa biqilan miti. Sirni Nafxanyaa Oromiyaa weeraree ummata Oromoo gabroonfate saba Amaaraa keessaa akka biqile beekamaa dha. Haa tahuutii Oromoon gabroonfattoota tu si keessaa dhalate jedhee saba Amaaraa akka waliigalaatti yakkee hin beeku. Kana yoo jennu garuu lammiilee saba kanaa tahanii imaammata gabroonfannaa kan sirni Nafxanyaa Oromoo fi saboota cunqurfamoo biroo irratti diriirse dhugoomsuu keessatti kanneen qooda fudhatan akka qaama sirnichaatti laalamuun waan hin oolle. Kana irraa kan hafe garuu ummanni Amaaraa akka saba tokkootti beekama malee sirnoota isa keessaa biqilanii ummatoota biroo weeraranii gabroonfatan waliin mooyyee tokkotti hin tumamu.

Sirna hará taaytaa mootummaa Itoophiyaa harkaa qabu ilaalchisees dhugaan jiru kana irraa adda miti. Sirni TPLF kan hará Oromiyaa gabrummaa jalatti iggitee saamaa fi itti roorrisaa jiru ummata Tigraay keessaa waan dhalateef qofa ummanni Tigraay dimshaashumatti diina Oromoo miti. Kanneen imaammata diinummaa sirni TPLF Oromiyaa keessatti diriirse fiixa baasuuf jecha sirnicha waliin dhaabbatan yookiis tumsa taasisaniif garuu sirna yakkamaa san irraa addatti laalamuu hin danda’ni. Kana irraa kan hafe ummanni Tigraay sababuma madda murna Wayyaanee taheef qofa dunuunfiidhaan yakkamee akka diinaatti hin laalamu.

Dhugaa armaan olii wanni kaafneef sababa malee miti. Yeroo ammaantanaatti murnoonni finiinuu qabsoo bilisummaa Oromootiin dhiphatanii abdii muratan tokko tokko kaayyoo qabsoo kanaa gara dabarsuudhaan maqaa hin malleef itti moggaasanii yoo ololan dhagahama. Keessumattuu murnoonni nageenya saba Amaaraaf waan dhaabbatan of fakkeessanii qabsoo bilisummaa Oromoo yakkuu irratti bobbaán akkasii kun boolla mixii (gondaa)tti quba kaaáa jiru. Murnoonni kun viidiyoo kijibaan qindaawee fi barruu haqa ummanni Oromoo qabsaawuuf faallessee lallabu facaasuudhaan ummatoota eeboo walitti qarachiisuuf wixxifachaa jiru.

Akka fakkeenyaatti viidiyoo dhihoo kana qaama ‘***Moresh Investigative Unit’*** ofiin jedhuun *youtube* irratti maxxanfame, kan qabsoo bilisummaa Oromoo ABOdhaan hogganamu bulguutti fakkeessee dhiheessuu yaalu kaasuun ni dandaáma. Viidiyoon guutummaa guutuutti kijibaan qindeeffame kun qabsoo ummanni Oromoo mirga sabummaa biyya abbaa isaa irratti sarbame deeffachuuf geggeessaa jiruun ‘ajjeechaa jumlaa (genocide) saba Amaaraa irratti xiyyeeffatee dha’ ittiin jechuu yaale. Viidiyoon kun waaée ajjeechaa jumlaa suukaneessaa biyyoota akka Jarman, Boosniyaa, Kaamboodiyaa fi Ruwaandaa faá keessatti raawátaman irratti qophiilee televiziyoona akka CNN fi kan biroo irratti amma dura dhihaatanii turan jalísee akka waan dhimma qabsoo Oromoo irratti xiyeeffataniitti fakkeessee dhiheessa. Barbaachisummaa qabsoo bilisummaa Oromoo ilaalchisee haasawa sabboontonni fi qabsaawonni Oromoo waltajjiilee hawaasa Oromoo adda addaa irratti dhageessisan bifa qaanfachiisaadhaan akka ofii barbaadetti jal’ise. Akka ergaa viidiyoo kanaatti, Oromoon amantii fi kutaan

adda hin baanu jedhee barbaachisummaa tokkummaa isaa lallabachuunis waamicha ajjeechaa jumlaa saba Amaaraa irratti xiyyeeffate godhamee dhihaate. Haasofni matootii OPDO akka Hasan Alii illee osoo hin hafne Oromummaa qofaan yakkamee viidiyoo kana keessatti dabalame. Haasawa hogganoota Wayyaanee fi Mangistuu Hayla Maariyaam faá ammoo akka tumsaatti dhimma itti bahatee Oromoo yakka.

Qopheessitoonni viidiyoo kanaa sagalee ofii isaanii kan akka Oromoon saba Amaaraa irratti kakaú lallabu suuraa sabboontota Oromoo waliin walitti qindeessuudhaan akka waan sabboontonni kun fixiinsa jumlaa lallabaa jiraniitti fakkeessuuf dhamaáni. Suuraa suukaneessaa kan Wayyaaneen tahe jettee ABO yakkuuf jecha ofumaaf dharaan qindeeffatte faá akka ragaatti itti dhimma bahee Wayyaanee waliin afaan tokko dubbata. Kaayyoon viidiyoo kanaa gabaabumatti qabsoo haqaa kan ummanni Oromoo mirga isaa sarbame deeffachuuf baroota dheeraaf geggeessaa jiru gara dabarsuudhaan, ajjeechaa jumlaa *Nazi* Jarmanii, *Khmer Rouge* Kaamboodiyaa fi *Hutu* Ruwaandaa faá waliin wal fakkeessuuf dhamaúu dha. Ifaan ifatti wanni viidiyoo kijibaa kana irraa mulátu jibbiinsa gadi fagoo murni viidiyicha qindeesse Oromoo irratti qabuu dha. Murnoonni akkasii kun barruuwwan ergaa fakkaataa dabarsuuf akeekkatan qopheessuudhaan yeroo adda addaatti interneet irratti facaasaa jiraachuunis beekamaa dha.

Dabballoonni TPLF filmaata bara 2005 irratti wayta paartiin Qinijjit aangoo harkaa buufachuutti dhihaatee ture paartii kana ‘*Inter-hemuwe’* ittiin jechuun akka yakkaa turan hin dagatamu. Akka paartiileen Amaaraa ummata Tigraay guutummaatti lafa irraa duguuguuf akkuma Huutuu Ruwaandaatti waamicha dabarsaa turanitti dhiheeffachuudhaan ummata Tigraay kakaasanii of cinaa hiriirsaa turan, Wayyaanonni. Gaafa qabsoon bilisummaa Oromoo muddee isaan qabatus ololuma paartiilee Amaaraa irratti dhimma bahan Oromoofis fayyadamu. ‘Yoo nuti aangoo gadhiifne Oromoon lafa irraa si duguuga’ jechuun ummata Tigraay sodaachisanii fi dogoggorsanii sirna isaanii cinaa dhaabuuf ololu. Murni olitti eerame kan maqaa Amaaraa dhawatee qabsoo Oromoo irratti duulaa jirus waanuma kaleessa Wayyaaneen isaan jedhaa baate hará Oromoo irratti dhimma bahuuf arraba qarachaa jira.

Murnoota siyaasaa lamaan, jechuun, murnoota saba Amaaraa fi saba Tigraay irraa dhalatan wantoota wal fakkeessan keessaa inni guddaan tokko dhugaadhuma reefuu eerame kana. Gaafa qabsoon ummatootaa hudha isaanii muddee qabate kufaatii irraa of oolchuuf jecha ummata keessaa dhalatan of cinaa hiriirfachuuf ololu. Qabsoo haqaa ummatoonni sirnoota isaanii irratti geggeessaniin ‘ajjeechaa jumlaa (genocide)’ ittiin jechuudhaan kufaatii siyaasaa irraa of oolchuuf wixxifatu. Ummanni ebelu jedhamu lafa irraa si duguuguuf sitti dhaadataa jira jechuudhaan qalbii ummata keessaa dhalatanii hawatanii aangoo irra of tursuuf yookiis aangootti of deebisuuf ijibbaatu.

Qabsoon bilisummaa Oromoo Adda Bilisummaa Oromootiin durfamu sadarkaa of duuba deebiúu hin dandeenye irra gahuun diinota keenya hangam akka irriba dhorkatee jiru hin haalamu. Sabboonummaan ummata Oromoo gabbatee gowwoomsaa fi hacuuccaa alagootaaf gonkumaa sadarkaa hin sarmine irra gahuu tu diinnan keenyatti yaaddoo gadhiisee jira. Yaaddoo fi abdii kutannaa kana irraa kaúudhaan qabsoo keenyaaf maqaalee balfamoo fi suukaneessoo adda addaa yoo kennan nama hin raaju. Gaafa kaán

‘ajjeechaa jumlaa’ ittiin jedhu. Gaafa biroos ‘’shororkeessummaa’ jedhanii waamu. Kijiboonni kun hundumtuu garuu akeeka haqaa qabsoon kun geggeeffamuuf karaa irraa maqsuuf humna hin qabani. Qabsoon bilisummaa Oromoo qabsoo haqaa ti. Mirga bilisummaa ummanni Oromoo biyya abbaa isaa irratti sarbame deebisuuf kan akeekkatee dha. Murnaa siyaasaa alagaa dhufee Oromiyaa irrtti goobe of irraa kaasuuf geggeeffamaa jira malee ummata nagaa murnoonni kun keessaa dhalatan diinomfachuu kan akeeka godhate miti.

Seenaa gabrummaa Oromoo kan kaleessaa hanga haráatti mulátu keessatti sirnoonni gabroonfatoon ummata Oromoo irratti yakki raa’watan kan lakkaawamee dhumuu miti. Haadha Oromoo harmaa fi harka muraniiru. Dhiira Oromoo kolaasanii, harka muranii mormatti fannisaniiru.  Kaanis ganda jireenya isaatti ibidda qabsiisanii namaa saáan jumlaan fixaniiru. Qabeenya Oromiyaa horiitti shallagamee hin dhumne saamanii ofii yoo ittiin badhaadhan Oromoo abbaa qabeenyichaa ammoo jireenya deegaa keessatti iggitaniiru. Mirga siyaasaa ummnni kun biyya isaa irratti qabus akka fedhanitti sarbaniiru. Aadaa, amantii fi caasaa bulchiinsa isaa labsiin diiganiiru. Walumaa galatti weeratoonni kun yakkoota waraanaa (war crimes) fi yakkoota dhiittaa mirga namoomaa (crimes against humanity) ibsamanii hin dhumne, akkasumas, saamicha diingadee balínaan raawátaniiru. Harás kanumatti jiru.

Addi Bilisummaa Oromoo badiin ummata Oromoo irratti raawátamee fi harás raawátamaa jiru kun akka dhaabbatuuf qabsaawa. Oromoon mirgoota isaa sarbame hundumaa deeffatee akka ummata biyya lafaa irra jiraatu kamiittuu mataa ol qabatee akka bulu dandeessisuuf waldhaansootti jira. Kana irraa kan hafe ijaa-bahannaan (vengeance) kaayyoo qabsoo kanaatii miti. Addi Bilisummaa Oromoo akkuma irra deddeebiée ibsaa ture seera Hamuraabii kan ‘*nama ija kee baqse ija isaa baqsi*’ jedhutti hin amanu. Ummanni Oromoo kallacha qabsoo isaa ABO jalatti jaaramee kan falmachaa jiru gabroonfattoota biyya isaatti itti dhufanii isa salphisan of irraa kaasuufi malee biyya namaa weeraree cabsuuf miti. Oromoon biyya isaa Oromiyaa sirna bittaa alagaa jalaa bilisa baasuuf qabsaawa malee biyya murnoonni gabroonfatoon keessaa dhalatan dhaqee cabsee ijaa bahachuufis miti. Oromiyaa biyya Oromoo taate falmachuun ammo qabsoo haqaa ti. Qabsoo haqaa kanaaf maqaan bulgummaa fedhe illee yoo itti kenname fudhatama qabaachuu hin dandaú. Kanneen hará haqummaa qabsoo ummata Oromoo osoma beekanii gara dabarsanii ‘shororkeessummaa’ fi ‘ajjeechaa jumlaa’ ittiin jedhan ofuma gowwoomsaa jiru. Yakka suukaneessaa kaleessa abaabilii fi akaakiliin isaanii Oromoo irratti raawátan golguuf jecha qabsoo haqaa Oromoo dura dhaabbachuun isaan hin milkeessu. Adeemsa hammeenyaan guutame akkasii kanaan madaa ummata Oromoo kaleessaa san tuttumatanii dhiiksuudhaan daranuu ofirratti kakaasuu yoo tahe malee qabsoo sabichaa taakkuu takka illee of duuba deebisuu hin dandaáni.

Jarreen akkasii kun maqaa saba isaanii dhahanii quuqamuufii jalqabuun mirga isaanii ti. Duraan sabni ‘Amhara’ jedhamu kophaatti hin jiru jechuudhaan guutuu lafa Itoophiyaa jedhamtuu irratti abbaa tahuuf jecha eenyummaa sabootaa hin fudhannu jedhanii ‘Itoophiyummaa’dhaan of lallabaa bahan. Hará maqaa saba isaanii dhawanii irraa dubbachuuf dirqamuun isaanii badii hin qabu. Haa tahu malee akka waan qabsoon bilisummaa Oromoo saba isaanii balleessuuf akeekkateetti jalísanii dhiheessuun isaan

gaafachiisa. Qabsoo ummanni Oromoo haqa isaa deeffachuuf geggeeffatuun ‘duula ajjeechaa jumlaa’ ittiin jedhanii yoo lallaban, ummata Oromoo irratti ajjeechaa jumlaa akka labsaa jiranitti hubachuu qabu. Qabsoo haqaa ummata Oromootiin ‘shororkeessummaa dha’ jedhanii ummatoota biroo ummata kana irratti duulchisuuf wayta lallabanis ummata Oromoo irratti gochaa shororkeessummaa akka raawátaa jiran galuufii qaba. Yakkoota maqa balleessii kana hundaan balaa dhalachuu maluuf ammoo oolee bula malee itti gaafatamuun isaanii waan hin oolle.

Hiree kanaan ummata Amaaraaf dhaamsi dabarsinu gabaabaa dha. Qabsoon bilisummaa Oromoo murnoota si keessaa bahanii Oromoo irratti yakka ulfaataa raawátanii fi ammas raawáchuuf arreedaa jiraniif jecha akka sabaatti sirratti hin xiyeeffatu. Murnoonni si keessaa dhalatanii yakka irratti yakka dabalachaa deemaa jiran kun akka yakka irraa dhaabbatan gorsuun garuu qooda kee akka tahe yaadachiifna.

Saba Tigraayifs dhaamsi qabnu kana irraa adda miti. Yakkoota murni Wayyaanee ummatoota walaba irratti raawátaa jiruuf ummanni Tigraay akka sabaatti hin gaafatamtu. Haa tahu malee murna si keessaa dhalatee maqaa keetiin yakkoota kana raawátaa jiruun dhaabbadhu ittiin jechuuf gaafatama guddaa akka qabdu irra deebinee si yaadachiifna. Walumaa galatti qabsoon bilisummaa Oromoo kaleessas, harás tahee boru sirnoota cunqursoo malee ummatoota kamuu irratti kan xiyeeffate akka hin tahin firris diinnis akka hubatu feena.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Infoo Deeskii ABO